Muslima ta’uu barbaadeen gara Nabiyyitti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhufee, bishaanii fi baala sidriitin akkan dhiqadhu na ajajan

Qeys Bin Aasim irraa odeeffame, Rabbiin irraa haa jaalatu ni jedhe: Muslima ta’uu barbaadeen gara Nabiyyitti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhufee, bishaanii fi baala sidriitin akkan dhiqadhu na ajajan.
[sirrii] [abuu daawud, tirmizii, nasa'iin odeessan]

Muslima ta’uu barbaadee Qeys bin Aasim gara Nabiyyitti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhufee, Nabiyyiinis -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- bishaanii fi muka sidriitin akka dhiqatu isa ajajan; sababni isaas baalli isaa qulqulleessuuf waan ooluu fi urgaa gaarii waan qabuuf jecha.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/65085